Dambii Lakk. 184 /2008

**Dambii Labsii Dhaabbilee Misooma Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk. 181/2005 Raawwachiisuuf Bahe**

Dhaabbileen misoomaa imaammata gabaa bilisaa keessatti dorgomuun bu'aa gaarii galmeessisuun guddina diinagdee mirkaneessuu keessatti shoora ol'aanaa taphachuu akka danda'an taasisuuf hojimaata iftoomina qabuu fi ittigaafatamummaa hordofsiisu diriirsuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Labsii Lakk. 181/2005 keewwata 41 tiin Dambiin kanatti aanu bahee jira.

## Kutaa Tokko

## Tumaalee Waliigalaa

### 1. Mata Duree Gabaabaa

Dambiin kun **"Dambii Labsii Dhaabbilee Misoomaa Mootumma Naannoo Oromiyaa Raawwachiisuuf Bahe Lakk. 184/2008"** jedhamee waamamuu ni danda'a.

### 2. Hiika

Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee Dambii kana keessatti:

1) **"Abbaa Taayitaa"** jechuun Abbaa Taayitaa Too'annoo Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa Oromiyaati.
2) **"Bu'aa Qulqulluu"** jechuun bara baajataa keessatti maallaqa galii fi kaffaltii adda addaa irraa argaman irraa hojii gaggeessuuf, mindaaf, tilmaama dullumaaf akkasumas dhalaa fi taaksiif herregni seeraan baasii ta'ee kaffalamee hir'ifamee herrega hafe jechuudha.
3) **"Bittaa Gurguddaa"** jechuun bittaa kaappitaalaa yeroo tokkoo humni maallaqa isaa miliyoona shanii fi isaa ol ta'eedha.
4) **"Bittaa Kaappitaalaa"** jechuun bittaa kallattiin humna dhaabbatichaa guddisuuf raawwatamu kan akka bittaa maashinarii, konkolaattota, bittaa aksiyoonaa akkasumas ijaarsa gamoowwanii fi kan kana fakkaataniidha.
5) **"Dhaabbata Misoomaa"** jechuun dhaabbata misoomaa guutummaan yookiin gartokkeen mootummaadhaan hundeeffamanii hojii oomishaa, raabsaa, ijaarsaa fi kenna tajaajilaa yookiin hojiiwwan misooma diinagdee fi daldalaa waliin wal qabatan irratti bobba'an jechuudha.
6) **"Fandii Misoomaa fi Industirii"** jechuun bu'aa qulqulluu dhaabbileen misoomaa mootummaa waggaatti argatan irraa of-eeggannoon seeraa citee kan lakkoofsa herrega addaa dhimma kanaaf banametti galii ta'u jechuudha.

7) **"Kaappitaala Ka'umsaa"** jechuun dhaabbata tokkoof yeroo hundeeffama isaa fi sana booda qabeenya mootummaan ramadamuuf yookiin herrega fandii misoomaa fi industirii irraa baasii ta'ee kennamuuf jechuudha.
8) **"Mana Maree Bulchiinsaa"** jechuun qaama raawwachiiftuu ol'aanaa Bulchiinsa Mootummaa Naannichaa jechuudha.
9) **"Odiitara"** jechuun akkaataa Labsichaatiin herrega dhaabbilee misoomaa kan qoratu nama uumamaa yookiin dhaabbata qaamni seerummaa ogummaa herregaa kennameef jechuudha.
10) **"Labsii"** jechuun Labsii Dhaabbilee Misoomaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lakk. 181/2005 jechuudha.
11) **"Qabeenya"** jechuun qabeenya socho'uu fi hin sochoone ta'ee, maallaqa kan dabalatu jechuudha.

**3. Ibsa Koornayaa**

Dambii kana keessatti jechi koornayaa dhiiraatiin ibsame dubartiis ni dabalata.

**4. Daangaa Raawwatiinsaa**

Dambiin kun dhaabbilee misoomaa Naannoo Oromiyaa keessatti hundeeffaman kamiyyuu irratti raawwatiinsa ni qabaata.

## Kutaa Lama

## Hundeeffama Fandii Misoomaa fi Industirii Dhaabbilee Misooma Mootummaa

**5. Hundeeffama**

Fandiin Misoomaa fi Industirii Dhaabbilee Misooma Mootummaa bu'uura Labsii Lakk. 163/2003 keewwata 39 keewwata xiqqaa 17tiin kanaan booda **"Fandii"** jedhamee kan waamamu Dambii kanaan hundeeffamee jira.

**6. Kaayyoowwan Fandichaa**

1) Damee diinagdee abbootiin qabeenyaa dhuunfaa irratti hirmaachuu hin dandeenyee fi guddina diinagdee naannichaatiif murteessaa ta'an irratti dhaabbata misoomaa haarawaa hundeessuuf madda baasii qorannoo fi kaappitaala ka'umsaa dhaabbata haarawa hundaa'uuf akka oolu taasisuuf;
2) Galiin Fandichaa hojii dhaabbilee misoomaa guddina diinagdee naannichaa keessatti shoora ol'aanaa bahaa jiran fooyyessuu fi babal'isuuf akko oolu taasisuu; fi
3) Damee diinagdee filataman irratti Mootummaan Naannichaa dhaabbilee dhuunfaa yookiin mataa isaatiin hojii investimentii keessatti akka hirmaatu taasisuudha.

**7. Madda Galii Fandichaa**

Maddi galii Fandichichaa kanneen armaan gadii irraa ta'a:

1) Bu'aa qulqulluu dhaabbilee misoomaa irraa;
2) Bu'aa qooda Aksiyoonaa Investimentii Mootummaa irraa;
3) Maddeen kan biroo irraa.

**8. Haala Qabiinsa Herregaa Fandichaa**

1) Fandichi galmee herregaa fi harshammeewwan faayinaansii guutuu fi sirrii ta'e addatti ni qabata;
2) Galmeen herregaa fi harshammeewwan faayinaasii Fandichaa Odiitara Muummichaa ol'aanaan yookiin qaama inni bakka buusuun yeroo yeroon ni qoratama;
3) Herregni baankii Fandichaa Abbaa Taayitaatiin kan banamu ta'a;

## Kutaa Sadii

## Sirna Qabiinsa Herregaa fi Bulchiinsa Qabeenya Dhaabbilee Misoomaa

**9. Haala Qabiinsa Herrega Dhaabbilee Misoomaa**

Labsichaa fi dambii hundeeffama dhaabbilee misoomaa keessatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee; haalli qabiinsa herrega dhaabbilee misoomaa kamiyyuu akkaataa armaan gadiitiin ta'a:

1) Haalli qabiinsa herregaa dhaabbilee misoomaa kamiyyuu bu'uura seera daldalaatiin ta'ee; amala hojii, bal'inaa fi gosa hojii irratti hirmaatan bu'uura godhachuun galmee herregaa fi harshammeewwan adda addaa kan qabaatan ta'a.
2) Harshammeewwan faayinaansii dhaabbilee misoomaa kamiyyuu yoo xiqqaate ji'atti al tokko galmee herregaa waliin madaalamuu qaba.

**10. Herrega Dhaabbilee Misoomaa Galmee Irraa Haquu**

Labsicha keessatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee; herregni dhaabbilee misoomaa haalawwan armaan gadii bu'uureffachuun Abbaa Taayitichaatiin galmee irraa kan haqamu ta'a:

1) Turmaata yeroo itti kaffalamuu qabu yookiin osoo walitti hin qabamin turuu isaa bu'uureffachuun kanneen shakkisiisaa ta'anii fi herraga kaffalamuu yookiin walitti qabamuu hin dandeenye;
2) Herrega gonkumaa walitti qabuun isaa akka hin danda'amne beekkame kan biroo; raawwiin keewwata kanaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

**11. Herrega of-eegganoo Biroo**

1) Dhaabbanni misoomaa kamiyyuu herrega Fandichaatti dhangala'u irraa herrega of-eegganoo biroo hanga % 20 tti akka murtaa'uuf karaa Boordii isaatiin Abbaa Taayitaatiif gaaffii dhiyeessuu ni danda'a;

2) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1tiin gaaffiin dhiyaate Abbaa Taayitichaatiin kan mirkanaa'e yoo ta'e dhaabbanni misoomaa kamiiyyuu hojiirra kan oolchu ta'a;
3) Herregni of-eeggannoo akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1tiin Abbaa Taayitichaatiin hayyamame kanneen armaan gadiitiif hojiirra kan oolu ta'a:
   a) Dandeettii raawwachiisummaa dhaabbilee misoomaa cimsuuf;
   b) Bittaa hojii dhaabbatichaatiif murteessoo ta'an ittiin raawwachuu; yookiin
   c) Hojiiwwan Investimentii adda addaa keessatti hirmaachuuf;
4) Herregni of-eeggannoo biroo qofaatti kan qabamu ta'ee; karoorri itti fayyadama isaa Abbaa Taayitichaatiif dhiyaatee erga mirkanaa'ee booda hojiirra kan oolu ta'a.

**12. Haala Filannoo Odiitara Alaa**

1) Filannoon odiitara alaa kan adeemsifamu xiinxala koreen odiitii boordii taasisu irratti hundaa'uun Abbaa Taayitaan kan mirkanaa'e yoo ta'eedha.
2) Odiitarri kamiyyuu waggoota walitti aanan sadii oliif herrega dhaabbata misoomaa tokkoo qorachuuf akka dorgomu taasisuun dhorkaadha.

**13. Sirna Bittaa fi Bulchiinsa Qabeenya Dhaabbilee Misoomaa: Qajeeltoowwan Bu'uuraa**

Bittaa fi bulchiinsi qabeenyaa dhaabbilee misoomaa kamiyyuu qajeeltoowwan armaan gadii irratti kan hundaa'e ta'uu qaba:

1) Bittaan gaggeeffamu kamiyyuu bu'aan dhaabbileen misoomaa argachuu qaban kan argamsiisu ta'uu qaba;
2) Haala addaatiin seeraan kan hayyamame yoo ta'e malee dorgomtoota gidduutti haala kamiiniyyuu haala loogii hin qabneen kan raawwatamu ta'uu qaba;
3) Murtiiwwanii fi ulaagaaleen sirna bittaa fi bulchiinsa qabeenyaa kamiyyuu qaamolee dhimmi ilaallatu hundaaf karaa iftoomina qabuu fi haqa qabeessa ta'een kennamu ta'uu qaba; murtiiwwan kennamanii fi tarkaanfiwwan fudhataman sirna ittigaafatamummaa kan mirkaneessan ta'uu qabu;
4) Qabeenyi dhaabbilee misoomaa kamiyyuu akkaataa seeraatiin eegamuu fi kaayyoo barbaadameef ooluu qaba.

**14. Sirna Bittaa Dhaabbilee Misoomaa**

Bittaan meeshaa yookiin tajaajilaa dhaabbilee misoomaa kamiyyuu gosa meeshaa yookiin tajaajila bitamuu, haala dhiyeessii fi barbaachisummaa isaa irratti hundaa'uun akkaataa armaan gadiitiin kan gaggeeffamu ta'a:

1) Seera bittaa naannichaa keessatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee; meeshichi yookiin tajaajilichi oomishtoota hedduun kan oomishamu yoo ta'e bittaan uwwisa

bal'aa akka argatuuf raadiyoo, taleviziyoonaa fi gaazexaa akkasumas meeshaalee sab-qunnamtii biroon dorgomtoota afeeruudhaan adeemsa bittaa caalbaasii ifaa hojiirra oolcuu qaba;

2) Oomishtoonni yookiin dhiyeessitoonni meeshichaa yookiin tajaajilichaa muraasa ta'uun isaanii yeroo itti amanamu dhiyeessitoota yookiin oomishtoota kanneen xalayaan beeksisuudhaan bittaa caalbaasii murtaa'aan kan gaggeeffamu ta'a;
3) Meeshichi yookiin tajaajilichi dhiyeessaa yookiin oomishaa tokko qofaa irraa kan argamu yoo ta'e, amalli meeshichaa yookiin tajaajilichaa adda yoo ta'e, meeshaalee jijjiirraa kaampaanii oomishe irraa bituun yoo barbaachise, pirojektoota jalqabaman xumursiisuuf kan duraan irraa bitame irraa bituun yoo barbaachise kallattiidhaan dhiyeessaa yookiin oomishaa tokko irraa bittaan kallattii kan raawwatamu ta'a;
4) Meeshaan yookiin tajaajilli bitamu hojiiwwan ariifachiisaaf kan oolu, barbaachisaa fi muraasa yoo ta'e bittaa pirofoormaatiin kan raawwatamu ta'a;
5) Oomishtoota yookiin dhiyeessitoota tokko yookiin muraasa waliin waliigaltee yeroo murtaa'eef taasifamuun bittaa gaggeessuun ni danda'ama.

**15. Karoora Bittaawwan Gurguddoo**

1) Dhaabbileen misoomaa kamiyyuu karoora bittaawwan gurguddoo bara baajataa keessatti gaggeessan qopheessuun Abbaa Taayitichaatiif kan dhiyeessan ta'a;
2) Karoorri bittaawwan gurguddoo akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa 1tiin dhiyaatu bara baajataa itti aanu waggaa waggaan hanga Ebla 30tti ta'uu qaba;
3) Bittaan gurguddaan kan raawwatamu Boordiin qoratamee karaa Abbaa Taayitaatiin Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannichaatti dhiyaatee kan hayyamame yoo ta'eedha;
4) Keewwata kana keewwata xiqqaa 3 jalatti kan tumame jiraatuyyuu bittaa gurguddaa hanga qarshii miliyoona 200tti Boordiin qoratee Abbaa Taayitaatiif erga dhiyeesseen booda Abbaan Taayitichaa Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannichaa bakka bu'uun bittaan akka raawwatamu mirkaneessuu ni danda'a.

**16. Haala Bulchiinsaa fi Itti Fayyadama Qabeenya Dhaabbilee Misoomaa**

1) Dhaabbileen misoomaa mootummaa kamiyyuu kaayyoon qabeenya dhuunfaatti qabaachuu isaanii sagantaa fi karoora dhaabbatichaa galmaan geessisuu fi hojii dhaabbilee si'oomsuun bu'a qabeeyyii taasisuu fi ga'oomsuu qabu;
2) Dhaabbileen misoomaa mootummaa kamiyyuu qabeenya mootummaa seeraan qabuu, itti faayyadamuu fi barbaachisaa ta'ee yoo argame maqsuu qabu. Haalli raawwii isaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a;

3) Dhaabbileen misoomaa mootummaa qabeenya dhaabbatichaa kamiyyuu hojii dhaabbatichaa bifa qusannaa fi bu'aa qabeessa ta'een hojiirra oolchuu qabu;
4) Qabeenya dhaabbilee misoomaa kennaanis ta'ee gargaarsaan qaama sadaffaaf dabarsuu yookiin hojii faayidaa hawaasaa qabuuf oolchuun kan danda'amu murtii Abbaa Taayitaatiin ta'uu qaba; raawwiin isaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a;
5) Dhaabbileen misoomaa mootummaa qabeenya dhaabbatichaa bulchuuf bara tajaajilaa hordofuu qabu;
6) Qabeenya dhaabbilee misoomaa yeroo itti argame, yeroo qabeenyichi tajaajila addaan kute, gosa qabeenyichaa, baay'ina isaa fi baasii qaqqabsise tartiibaan galmaa'ee qabamuu qaba;
7) Qabeenya dhaabbii dhaabbatichaa eeguufis:
   a) Qabeenyi dhaabbilee misoomaa yoo xiqqaate waggaatti al tokko lakkaa'amuu qaba;
   b) Gatii qabeenya dhaabbilee misoomaa mootummaa sirriitti beekuun yoo hin danda'amne tilmaama Abbaan Taayitaa baasuun kan murtaa'u ta'a. Raawwiin isaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.

**17. Haala Qabeenyi Dhaabbilee Misoomaa Itti Maqsamu yookiin Haqamu**

1) Qabeenyi dhaabbilee misoomaa tajaajila hin kennine yeroodhaan maqsamuu qabu. Raawwiin isaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.
2) Ibsi qabeenya maqsamee fi galiin maallaqaa qabeenya maqsame irraa argame gabaasa herrega dhaabbatichaa keessatti hammatamuu qaba.
3) Maallaqni qabeenya maqsame irraa argame kaappitaala dhaabbatichaa dabaluuf ooluu qaba.
4) Qabeenyi dhaabbilee misoomaa dhaabbatichaaf bifa kamiiniiyyuu faayidaa irra ooluu kan hin dandeenyee fi gatii kan hin baafne yoo ta'e kan haqamu ta'a. Raawwiin isaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a.
5) Qabeenyi dhaabbatichaa yoo manca'e, tajaajilaan ala yoo ta'e, yoo saamame akkasumas haala walfakkaatu kamiiniiyyuu yoo hir'ate yookiin yoo bade galmee qabeenyaa irraa kan haqamu ta'a. Ibsi qabeenya haqamee gabaasa herrega dhaabbatichaa keessatti hammatamuu qaba.

## Kutaa Afur

## Tumaalee Adda Addaa

**18. Aangoo fi Hojii Abbaa Taayitichaa**

Aangoo fi hojiin Abbaa Taayitichaatiif seerota birootiin kenname akkuma eegametti ta'ee, Dambii kana raawwachiisuuf Abbaan Taayitichaa aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Kaappitaala, haala hundeeffamaa fi hojii isaanii irratti hundaa'uun sadarkaa dhaabbilee misoomaa ni murteessa; raawwiin isaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a;
2) Kaappitaalli ka'umsaa dhaabbilee misoomaa osoo hin kaffalamin hafe kaffaltiin isaa akka xumuramu baajata waggaa keessatti yeroo yeroon akka qabamu mootummaaf ni dhiyeessa; yammuu murtaa'u raawwii isaa ni hordofa;
3) Kaappitaalli dhaabbilee misoomaaf hayyamame yeroo waggaa shanii keessatti kaffalamee kan hin xumuramne yoo ta'e hanga kaappitaala kaffalameetti akka gadi bu'u yookiin qabeenyi jiru irra deebi'amee akka tilmaamamu ni taasisa;
4) Bu'aa qulqulluu dhaabbilee misoomaa mootummaa irraa %95 waggaa waggaan herrega Fandiitti galii ta'uusaa ni hordofa; ni raawwachiisa; ni bulcha; hojiirra ni oolcha;
5) Aksiyoona bu'aa qabeessaa fi tarsiimo'aa ta'an qoratee dhaabbileen misoomaa akka bitatan ni taasisa; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa;
6) Qabeenya dulloome, kanneen tajaajilaan ala ta'an, kanneen bitamanii hojii malee jiranii fi hojii dhaabbatichaatiif barbaachisaa hin taane akka maqsaman yookiin gurguraman ni taasisa; raawwiin isaa qajeelfama bahuun kan murtaa'u ta'a;
7) Sirna onnachiiftuu Boordii fi hojii geggeessitoota dhaabbilee misoomaa bu'aa irratti xiyyeeffate qoratee Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannichaatiif ni dhiyeessa; yammuu hayyamamu hojiirra ni oolcha; hojiirra oolmaa isaa ni hordofa;
8) Investimentiin kaayyoo hundeeffama dhaabbilee misoomaa galmaan gahuu fi ce'umsa industiriitiif deeggaran qorachuun dhaabbilee misoomaa akka itti fayyadaman ni taasisa.

**19. Aangoo Qajeelfama Baasuu**

Dambii kana raawwachiisuuf Abbaan Taayitichaa qajeelfama baasuu ni danda'a.

**20. Seerota Raawwatiinsa Hin Qabaanne**

Dambiin, qajeelfamnii fi barmaatileen hojii Dambii kanaan walfaalleessan kamiyyuu dhimmoota Dambii kana keessatti hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

**21. Yeroo Dambichi Hojiirra Itti Oolu**

Dambiin kun **Waxabajjii 25,** Bara 2008 irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

Muktaar Kadir

Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Finfinnee

**Waxabajjii 25,** Bara 2008